Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Hidhamaa Daani'eel



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Daani'eelii michuuwwan isaa sadii waliin Israa'el keessa jiraata, Guyyaa tokko mootii jabaan tokko biyya isaanii dhufee daragaggoota abshaala kana fuudhee biyya isaanii irraa deeme. Mootichis guddaa fi maqaa dheeraa Nebukadnezaar – biyya fagoo Baabiloon jedhamu jiraata.

Dargaggootikanaaf biyya Baabiloonitti kunuunsi gaariin taasifameef. Mootichi dargaggoot qaroo qarmaa qaban biyya lafaa irraa filee walitti qabate. Akka isaan mootumma isaa jalatti tajaajila kennuun isa tajaajilaniif afaan warra Baabiloonitti akka leenji'aniif karoora baase.

Soorati isaa gaarii ture. Dargaggooti kanneen gara biyyichaatti fudhataman nyaata mootiin nyaatu nyaatu. Garuu Daani'eelii fi michooti isaa nyaaticha waan isaan xureessuuf nyaachuu didan. Daani'eel waan faallaa Waaqayyoo ta'e raawwachuu irraa of qusachuuf waadaa gale. Waaqin Israa'el saba isaa waan Waaqayyoo hin taane waaqa tolfamaa fi waaqa sobaaf sagaduu irraa akka of eeggataniif ajajeera.



Daani'eel angafa warra hojjetaa isaan leenjisaa jiru akka nyaata jedhame hin nyaanne hiyyama gaafate. Yoo mootii kana bira ga'e baayyee aara. Garuu Waaqayyo namocha kana irraa Daani'eeliif gaarumman akka deebi'uuf taasise.

Daani'eelii fi hiriyoota isaa dabalatee yaali irratti geggeessuf walii gale. Guyyoota kudhaniif kuduraa fi muduraa nyaataanii bishaan qofa akka dhugan taasise. Guyyoota kudhan booda Daani'eeliif hiriyooti isaa warra nyaata mootii nyaatanii dhugaatii mootiin dhugu dhugan caalaa fayya qabeessa ta'anii argaman. Nyaatuma kana nayachuun akka itti fufan taasifame.



Dargaggeesi kun Waaqayyoo jajate. Waaqayyos isaan jaje. Waan isaan keessa darban hundumaa keessatti Waaqayyo ogummaa fi dandeettii laateef, Daani'eel ogummaa mul'ataa fi abjuu hiikuu qaba ture.

Mana barumsaa Baabiloon keessatti waggaa sadii erga baratanii booda, dargaggooti hundumti isaanii fuula Nebukadinezaaritti dhiyaatan. Daani'eelii fi hiriyoota isaa hunduma keessa caalchisuun filate. Dhugaa jiru lafaa akka ibsutti namoota ogummaa qaban mootummaa isaa keessa jiran keessaa Daani'eel ogummaa qabaachuudhaan hunduma isaanii akka caalu hubatame.



Halkan tokko, mootiin abjuu sodaachisaa arge bule. Warra abjuu isaaf hiikan hundumaa waamee fuula mootii dura dhaabbatan. Mootiin, "Abjuun abjoodhen qaba, hiika abjichaa baruuf hafuurri koo hin dhiphate," jedhe. Namin ogeessichi deebisee, "Mootii barbarian jiraadhu! Garboota keetti abjuu kee himi, hiika isaa sitti himnaa," jechuun deebisa.

Mootiin deebisee jedheenii, "Lakkii! Waan abjoodhee hiika isaa sirriitti natti himuu qabdu. Yoo sirriitti natti himuu baattan harkaa fi miilli keessan isin irraa ciramee manni keessan in gubata. Hiika abjichaa yoo sirriitti natti himtan, mootichi kennaa fi badhaasa kabaja argachuu keessan itti fufa. Namin hiika abjuu sanaa mootichatti himu tokko illee dhabame.

Ogeesoti mootichaa mootiitti himan, waan ati gaafatteef deebii kennuu naming danda'u lafa kan irra hin jiru jedhaniin. Yeroo kana mootichi baayyee aare beekitota biyya Baabiloon hundinuu akka balleeffaman ajaje.



“Mootiin maaliif beekitota Baabiloon balleesseeuf murteesse?” jechuunakka balleessuf kan itti himame Ariiyok gaafate. Ariiyokis waan ta’e hundumaa itti hime. Daani’eel mootii arguuf qajeele. Hiika abjuu isaa akka itti himuuf yeroon akka laatamuuf gaafate.

Daani'eel gara mana isaa deemee, hiriyota isaa sadanitti hime. Abjichi maal akka ta'e hiikaan isaas maal akka ta'e hin beeku ture, garuu kan hundumaa beeku tokko akka jiru in beeka. Innis Waaqayyodha. Daani'eeliif hiriyooti isaa in kadhatan.



Waaqayyoo abjuchaa fi hiika abjuchaa itti agarsiise. Daani'eel waaqa isa Waaqa irraa eebbise, akkas jedhe, "Maqaa Waaqayyoo barabaraan eebbise, ogummaanis kan keeti." Daa'I'eel hiika abjuu mootiitti himuuf ariifate, "Waaqayyo waaqa keessa jiradhokisaa kan mul'isu." Abjuu mootiin abjootee fi hiika abjuu sanaa itti hime.

Motiin Nebukadenazaar abjuu fi hiika isaa yeroo dhaga'etti, Daa'ieel duratti lafa dhahee, "Waaqin kee Waaqa dhugaati, Waaqa Waaqotaati, dhikasaa jiru kan mul'isuudha, atis dhugaa jiru mul'isteetta!" jedhe. Isa booda mootiin Daani'eeliin nama guddaa taasise, kennaa gurguddaa baayyee laateef. Godinoota Baabiloon hundumaa irratti ajajaa fi dura bu'aa beekitota Baabilon keessaa taasisee.





Hidhamaa Daani'eel

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Daani'eel 1-2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16